Hanga amantanitti Jannata hin seentan, hanga wal jaallattanitti hin amantan, waan yoo isa hojjattan wal jaallattanitti isin qajeelchuu? salaamtaa gidduu keessanitti waliin jechuu heddummeessaa”

Abuu Hureyraa irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- ni jedhe: Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkana jedhan: "Hanga amantanitti Jannata hin seentan, hanga wal jaallattanitti hin amantan, waan yoo isa hojjattan wal jaallattanitti isin qajeelchuu? salaamtaa gidduu keessanitti waliin jechuu heddummeessaa”.

[sirrii] [Muslimtu gabaase]

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- mu'umitoota malee namni biraa akka jannata hin seenne fi iimaanni akka hin guutamne, akkasumas hanga gariin isaanii garii jaallatutti haalli hawaasa muslimaas akka hin tolle ibsaniiru. Eegasii Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- gara irra caalaa wantoota wal jaallachuuf sababaa ta'anitti qajeelchan, innis salaamtaa Rabbiin gabroota Isaatif kabajaa taasise gidduu muslimootatti waliin jechuu heddummeessuudha.

http://www.sunnah.global/hadeeth/om/show/3361